



the women's
the royal women's hospital
victoria australia

KITTAANNANNAA DHALAA (KUTUU – TRADITIONAL CUTTING) FI SEERA AUSTRALIA KEESSAA

Dhalaa kittaannuun, ykn akka aadaatti irraa muruun Australia keessatti seeraan dhorkaadha.

Dhalaa kittaannuun maali?

Dhalaa kittaannuun shaakala aadaa turaadha. Yeroo tokko tokkos Qaama Hormaataa Dhalaa irraa muruu (Female Genital Cutting - FGC) jedhama. Qaama hormaataa gara ala isaa irraa muruu kan dabaluudha. Fayyaa saalummaa fi wal hormaataa miidhuu irraa kan hafe shaakalli akkasii kun fayyaaf faayidaa hin qabu.

Waa'ee shaakala kanaa seerri maal jedha?

Daa'ima, ijoollee dubraa ykn dubartoota kittaannuun seeraan dhorkaa dha.

Sababa fayyaaf barbaachisu, kan doktoraan raawwatamu yoo tahe malee shaakalli kanaa gadii kun seera qabeessa miti:

- naannoo qaama hormaataa dhalaa kutuu ykn irraa muruu (hallaguu – excision), qinxiraama (clitoris) fi hidhii qaama saalaa (labia) dabalee
- naannoo qaama hormaataa dhalaa walitti hodhuu (stiching) akka dhalootaan ture irraa jijjiiruu (infibulation)
- afaan qaama hormaataa dhalaa walitti dhiphisuu ykn cufuu
- qinxiraama (clitoris) ykn qaam qinxiraamaa hanga tokko irraa muruu (clitoridectomy).
- naannoo qaama hormaataa miidhuu ykn hubama irraan gahuu (mutilating)

Akkasuma Victoria keessatti seeraan dhorkaadha:

- dhalaa Australia keessas tahe biyya kan biroo kittaanaaf geessuu
- nama kan biroo kittaanaaf gargaaruu
- namni kan biroon akka kittaanaa raawwatu itti barbaaduu

Yoo dubartiin kittannamaaf itti waliif galteedhaan raawwatame, ykn warri ishee hayyaman, amma illee seerawaa miti.

Yoo namni tokko seericha cabse maaltu taha?

Namni seericha cabse jedhama yoo:

- kittaannaa raawwate
- nama kittanicha raawwatu gargaare
- nama kittannaa raawwatu kan barbaade

Victoria keessatti adabni isaa hanga hidhaa waggaa 15 itti muramuu danda'a.

Kanaan kan wal qabatu qaama baqaqsuun kan biroon hayyamamu ni jiraa?

Qaamni hormaataa dhalaa doktora fayyaatiin baqaqsamuu danda'a yeroo:

- sababa fayyaatiif jecha godhchuun barbaachisaa tahee yoo argame
- yeroo miixuu ulfaa (labour) ykn mucaan dhalachuutti aansee oggasuma
- jijjiirrachuu saalummaa (saala jijjiirrachuu)

Dubartiin erga mucaa deessee ykn walaansa qaama hormaataa tahuuf kamiyyuu booda deebisamee akka duraatti qaamni hormaataa walitti ni hodhamaa (bakka duraan dachaasamee turetti) ni deebisamaa?

Lakki. Sababa fayyaatiif osoo hin tahin qaama hormaataa dubartii uraa isaa dhiphisuu ykn cufuu akka duraan turetti deebisanii dachaasuun ykn hodhuun hin hayyamamu. Haatahu malee yeroo dahumsaa waan baqaqe ykn cite yoo jiraate garuu walitti ciniinsisuun ykn hodhuun jiraachuu mala. Kunis doktora ykn deesistuudhaan mucaa dhalachuu booda yerosuma raawwatama.

Kittaannaa dhalaa (akka aadaatti muruu) kan ijoollee eenyutu mootummaatti gabaasa?

Victoria keessatti, dhalaa kittannuun seeraan dhorkaadha; ijoollee wagga dhalootaa 18 gadii irratti yoo raawwatame yakka ijoollee miidhuu keessatti fudhatama. Kana jechuun namootni ogummaan isaanii ijoollee waliin dalaguu wal qabatu kittaannaa yoo shakkan Damee Fayyaa fi Tajaajila Namummaa hubachiisuu qaban. Namootni kun: doktorota, nrsoota, barsiisota, hojjetoota oolmaa daa'immanii fi polisii dabala; haatahu malee namni kamiyyuu Damee Fayyaafi Tajaajila Namummaatti gabaasuu danda'a. (*Seera Labsii (ACT) 2005 Ijoollee, Dardaraafi Maatii*, daree 162). (*Children, Youth and Families Act 2005* section 162).

Odeeffannoo dabalataaf

Hojjetootani FARREP bakka Dubartootaa Wixata (Monday) hanga Jimaataa sa'aa 9 wd hanga 5 wb ni jiran.

T: (03) 8345 3058

E: farrep.program@thewomens.org.au

Giddu-galeessa fayyaa hawaasaatti hojjattuu FARREP dubbachuu dandeessa.

Odeeffannoo caalu mar-sariitee (website) keenya keessa barbaadi:

www.thewomens.org.au

Caqasii Seeraa

Seera Victoria

- Labsii Seera Yakkaa 1958 (Vic) s32 – 34A (Crimes Act 1958 (Vic) s32 – 34A)
- Labsii Seera Ijoollee, Dardaraa fi Maatii 2005 (Vic) s162, s163, s182, s184 (Children, Youth and Families Act 2005 (Vic) s162, s163, s182, s184)

Seera Australia Godinaalee kan biro

- Labsii Seera Yakkaa 1900 (ACT) s73-s77 (Crimes Act 1900 (ACT) s73-s77)
- Labsii Seera Yakkaa 1900 (NSW) s. 45, s45A (Crimes Act 1900 (NSW) s. 45, s45A)
- Keeyyata Seera Labsii Yakkaa (Criminal Code Act) (NT) Division 4A (Criminal Code Act (NT) Division 4A)
- Keeyyata Seera Labsii Yakkaa (Criminal Code Act) 1899 (Qld) 323A, 323B (Criminal Code Act 1899 (Qld) 323A, 323B)
- Waaltawiinsa Seera Labsii Yakkaa (Criminal Law Consolidation Act) 1935 (SA) Division 8 (Criminal Law Consolidation Act 1935 (SA) Division 8)
- Keeyyata Seera Labsii Yakkaa Criminal Code Act 1924 (Tas) s178A (Criminal Code Act 1924 (Tas) s178A)
- Keeyyata Seera Labsii Yakkaa Guutuu (Criminal Code Act Compilation Act) 1913 (WA) s306 (Criminal Code Act Compilation Act 1913 (WA) s306)